BIIROO BARNOOTA
BUL.MAGAALAA FINFINNEETTI

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2ffaa Kan Semisteera 2ffaa



Barannoo 6ffaa

Boqonnaa 15

1.1 Tapha Ijoollee

❖ **Kaayyoo Barannichaa :-**

➢ **Barannoo kana booda :-**

Taphoota ijoollee ni taphattu.

Faaruwwan adda addaa ni shaakaltu.

Shaakala

A.Tapha ijoollee taphattanii beektuu?

B.Gosoota tapha ijoollee beektan walitti himaa.



Taphni Ijoollee Maali?

- **Taphni ijoollee gosa afoola oromooti.**
- **Afaaniif gochaan dhalootatti darba.**
- **Afoollis afaaniin dhalootatti darba.**
- **Kanaaf gosa afoolaa ta’e.**
- **Namni kamiyyuu baadiyyaattis ta’e magaalaatti ni taphata.**
- **Garuu naannoo baadiyyaatti beekamaadha.**
- **Sababni isaas ijoolleen loon tiksuu fi ga’ee hojii adda addaa keessatti hirmaatu.**
- **Magaalaatti garuu hin mul’atu.**
- **Magaalaatti wantoota ammayyaatu heddummata.**

FAAYIDAAN TAPHA IJOOLLEE

- Dandeettii afaanii dagaagsa.
- Dandeettii dubbachuu fi dhaggeeffachuu daa'immanii cimsa.
- Waliin dubbii cimsa.
- Naannoo waliin wal barsiisa.
- Safuu fi aadaa barsiisa.
- Ni bashannansiisa.
- Itti gaafatamummaan akka itti dhaga’amu taasisa.
- Kabaja hawaasaa barsiisa.
- Aadaa hojii cimaa qabaachuu barsiisa.



Gosoota Tapha Ijoollee

Fakkeenya taphoota ijoollee

Saddeeqa

Takkooyyee

Hattuu fi poolisii

Eessaan baatee

Kurupheekoo kuruph fi k.k.f

GOCHA

Gaaffilee Armaan Gadii Yaalaa.

1.Taphni ijoollee gosa maaliiti?

2.Faayidaan taphoota ijoollee maali?

3.Taphootni gareen taphataman kam fa’i?

Deebii

Gaaffilee Armaan Gadii Yaalaa.

1.Taphni ijoollee gosa maaliiti?

Taphni Ijoollee Gosa Afoola Oromooti.

2.Faayidaan taphoota ijoollee maali?

Bashannansiisuu, Barsiisuu, fi k.k.f

3.Taphootni gareen taphataman kam fa’i?

Saddeeqa, Biyyii, Hattuu Fi Poolisiidha.

Cuunfaa Barannoo

- **Taphni ijoollee gosa afoolaa ta’uu,**
- **Afaanii fi gochaan dhalootaaf daddarbuu,**
- **Akaakuu adda addaa of keessaa qabaachuu,**
- **Garee fi dhuunfaan taphatamuu isaa,**
- **Irra caalaa baadiyyaatti taphatamuu isaa,**
- **Faayidaa addaa qabaachuu isaa,**
- **Innis bashannansiisuu,cimsuu,barsiisuu fi k. k.k f.**

Hojii Manaa

Gaaffiwwan kennamaniif deebii sirrii filadhaa.

1.Gosa afoolaa kan ta’e isa kami?

A. Saddeeqa B. Takkooyyee C. Hunda.

2. Taphni ijoollee faayidaa maalii qaba?

A.Ni Boossisa B. Ni Barsiisa C.Ni Bashannansiisa D. B fi C

3.Gosoota tapha naannoo keessanii barreessuun walitti himaa.

A. _____

B._____

C._____